

## BOQONNAA 1

### BU'UURAALEE MIIDIYAAF BARREESSUU

#### Seensa

Addunyaa kun yeroo ammaaa jaarraa odeeffannoo keessa jirti. Odeeffannoona haala jiruu fi jirenya ilmaan noma keessatti waan murteessaadha. Odeeffannoona akkanatti haalaan barbaachisu kun yoo karaa qindaa'ee fi toora ykn miidiyaa sirrii fayyadamuudhaan hawaasa biraan gahame jiruu fi jirenya hawaasaa akkasumas guddina biyya tokkoo gara fooyyetti ceesisuuf gahee olaanaa qaba.

Kana gochuu keessatti miidiyaaleen gahee guddaan qabu. faaydaaleen miidiyaan hawaasa keessatti qaban heddu ta'anis, Dimokiraasiibabal'isuu fi bulchiinsa gaarii fiduu, Aadaa ummataa dhaloota haaraaf dabarsuu, odeeffannoo si'ataa fi kaka'uumsa uumu hawaasaaf gabaasuun guddina biyya ariifachiisuu fi kkf isaan muraasadha.

Ogummaa Gaazexeessummaa keessatti haala ogummichi eeyyamuun miidiyaalee fayyadamuudhaan odeeffannoo hawaasaaf dabarsuun jijiirama waaraa hawaasa keessatti fiduun barbaachisaadha.

Akka Uyo (1987:2) DeFluer fi Dennis waabeffachuudhaan ibsutti, Miidiyaa jechuun meeshaa fageenya dheeraa fi yeroo gabaabaa keessatti odeeffannoo hawaasa bal'aaf daddabarsu jechuudha. Gama biraatiin miidiyaa jechuun daandii hawaasa bal'aa ittiin qunnamnuu jechuudha.

Miidiyaaleen akka Raadiyoo, TV, Galaalachaa fi barruulee toora tamsaasa odeeffannoo isaaniitti fayyadamuudhaan odeeffannoowwan garaa garaa hawaasa bal'aa biraan gahuu danda'u.

Kanaafuu, Gaazexeessitooni ykn barreessitooni miidiyaa odeeffannoo hawaasa bal'aa bira gahu kana haala dhaggeeffattoota ykn dubbistoota biratti fudhatama argachuu danda'uun qindeessanii barreessuu qabu.

Kana keessattis Gaazexeessitooni ykn barreessitooni miidiyaa yeroo hundaa hojii odeeffannoo funaanuu, barreessuu fi tamsasuu keessa jiruu jiru waan ta'eef hubannoo gahaqabaachuu qabu.

Waa'ee hojii miidiyaa irratti hubannoo gadi fageenyaa qabaachuun miidiyaadhaaf akka gaaritti akka barreessaniif fayyada.

Miidiyaan amaloota armaan gadii qaba:-

- ❖ Salphumatti hubatamuu
- ❖ Yeroo hundaa yeroo wajjiin waan deemuuf ariitiin hojjata
- ❖ Uumamuma isaatti hawaasa bal'aa biratti beekkama

Miidiyaan hawaasa bal'aa bakka bu'ee hojjata waan ta'eef hawaasa hojjatuuf san haala barbaadameen tajaajiluu qaba.

Ergaawan miidiyaan darban:-

**Oduu (news stories)**- kunis odeeffannoo dhugaa, loogii irraa bilisa ta'e, sirrii fi yeroo isaa eeggate gaaffilee 6n oduun tokko deebisuu qabu xiyyeefanna keessa galchuudhaan kan hojjatamuudha.

**Balballoomii oduu (News analysis/detail)** – kana jechuunis oduulee sirrtti balballoomuu barbaachisan adda qoqqooduudhaan dhiyeessuudha.

**Dhaadhessa (advertising/commercial)** – kunis odeeffannoowwan tajaajila ykn omisha tokko beeksifchuuf maxxanfaman ykn tamsa'an kan kafaltiidhaan raawwatamaniidha.

**Barreeffamoota seenessaa**

**Marii garaa garaa**

**Diraamaa**

**Xalayoota dubbistootaa fi k.k.f**

### **Gufuuwwaan miidiyaaf barreessuu irratti qunnaman**

Hojiin miidiyaadhaa yeroon, mallaqnii fi dadhabbiin guddaan kan itti bahuudha. Haa ta'u malee yeroo baay'ee hojjiin dadhabbi hedduun hojjatame kun fudhatama dhabuu danda'a. Kanaafuu ogeessi barreessaa miidiyaa tokko waan hojjatu san akkamitti akka hojjatuu fi kaayyoo maaliif akka hojjatu beekuu qaba. Gufuuwwaan/danqaaleen armaan gadii wayta miidiyaaf barreessinu nu qunnamuu danda'u:-

#### **1. Ergaa (message)**

Wayta miidiyaadhaaf barreessitu ergaa wanta barreessituu san xiyyeefannoo keessa

galchuudhaan barreessuun barbaachisaadha. Oduun kallattimaan duubbifamuu fi kan balballoomii barbaadu garaa gara. Akkasumas haalli Oduun itti barraahu fi dhaadhessi itti barraahu garaa gara. Fkn ;- barreffamni dhaadhessaaf barraahu amansiisaa (persuasive) ta'uu qaba. Akkasumas dhaadhessii fi barreffamni ykn odeeffannoon seenessaa tokko bashannansiisaa ta'uu danda'u. kana keessatti xiyyefannoon kan itti kennamuu qabu ergaa isaan dabarsaniidha.

## **2. Qaama ergaa dabarsu (messenger)**

Barreessan miidiyaa tokko waan barreessu hundaa itti yaade barreessuun qaba. Kanaafuu, Wayta miidiyaadhaaf barreessutti itti yaade jechoota ofii beekuu fi ifa galoo ta'anitti fayyadamee barreessuun barbaachisaadha. Jechoonni tokko tokko namoota birootiif hiika adda addaa waan kennaniif jecha baratamaa fi namoota hedduuf galuu danda'u fayyadamee barreessuun qaba.

## **Qajeelfamoota Barreffama Miidiyaa gaarii (principles of good media writing)**

### **Jechoota filatamoo fayyadamuu (concise)**

Bareessaan miidiyaa ykn Gaazexeessaan tokko miidiyaadhaaf wayta barreessu jechoota filachuudhaan jechoota muraasa fayyadamuun ergaa hedduu dabarsuu qaba. Akkasumas jechoota salphaa fi baratamaatti fayyadamuun odeeffanno dhaggeeffattoota ykn dubbistoota biraan gahuu barbaadame salphumatti akka hubataman gochuu qabu.

### **Qabatama fakkeessuu (making it concrete)**

Odeeffanno waa'ee waan tokkoo irratti barreffamu Jamaan (audience) haalaan akka hubataniif, barreessaan miidiyaa tokko hamma danda'etti jechoota sammuu dubbistoo ykn dhaggeeffattootaa keessatti fakkii waan sanaa uumuu danda'an fayyadamee barreessuun qaba.

### **Akka haala dubbii ofiitti barreessuu (Natural)**

Barreessaan miidiyaa tokko akka haala dubbii isatti barreessuu qaba. kanas yoo jennu namni miidiyaadhaaf barreessu (Gaazexeessaan) tokko wayta barreessu yeroo hundumaa jechoota idilee qofa fayyadamee barreessuu osoo hin taane akkaataa haala dubbii isaatti, haala hawaasa barreessuuf sana ni hubachiisa jedhee yaadeen barreessuu qaba.

### **Dubbifamuu (Readable)**

Odeeffannoos miidiyaadhaan darbuuf jedhu kamuu dubbifamummaan isaaa mirkanaa'uu qaba. yoo kana hin taane, ergaan darbuuf karoorfame sun hubatamuu dhabuu danda'a.

Kanaafuu, barreessaan miidiyaa tokko odeeffannoos wayta barreessuu akka haalaan dubbifamutti barreessuu qaba. kana gochuufis jechoota, himoota fi keeyataa qindoomina isaanii siritti eegun barreessuudha.

### **Dandeettii barreessaan miidiyaa tokko qabaachuu qabu (Qualities of media writer)**

Barreffamni miidiyaadhaaf barreffamu barreffamoota isa birootiin adda. Kanaafuu, barreessitooni miidiyaa dandeettii cimaa waan adda ta'e tokko barreessuu qabaachuu qabu. Kana jechuunis Gaazexeessaan tokko taatee hawaasa keessatti uumame tokko kan namoonni hin hubatin karaa xiyyeffannoos itti hin kennin adda baasee karaa hawataa qindeessee barreessuu qabu.

Dandeettiin Gaazexeessaan qabaachuu qabu inni biraa dandeettii kalaqa sammuu (creativity) ti. kunis barreessichi odeeffannoos tokko wayta barreessu jechoota filatamoo erga dabarsuu danda'an fayyadamuudhaan bifa kalaq-sammuu (creative) dhiheessuudhaan odeeffannichaan namoonni akka hawataman gochuu qaba.

### **Dhimmoota Barreessitooni Miidiyaa irratti xiyyefachuu qaban**

#### **A. Xiyyeffannoodhaan barreessuun (Writing with Care)**

Kun immoo osoo odeeffannoos hin tamsa'in ykn hin maxxanfamin gulaaltota dhaabbilee Miidiyaatiin sirreffama. Haa ta'u malee, duraan dursanii Barreessitooni Miidiyaa dogoggorri akka hin uumamne itti gaafatamummaadhaan xiyyeffannoos hojjachuu qabu. Barreessaan Miidiyaa seerluga Afaanichaa haalaan hubatuun, sirna tuqaalee fi jechoota akka gaariitti qindeessuun ergaa barbaadame dubbistoota ykn dhaggeeffattoota biraan gahuu ni danda'a.

Keessummattuu miidiyaa tamsaasaa keessatti haalli odeeffannoos tokko ittiin dubbifamu ergaa barbaadame san dhaggeeffattoota hubachiisuuf murteessaadha waan ta'eef akka siritti dubbifamutti barreessuun barbaachisaadha.

### **Haala/Akkaataa ergaa ittiin dabarsan (style)**

Barreessitoonni Miidiyaa akkaataa miidiyaa barreessaniif irratti hundaa'uudhaan haala ergaa jamaa isaanii biraan gahaniin beekuu qabu. Dhaabbanni miidiyaa hedduun Dambii akkaataa (style rules) odeeffannoo hawaasa biraan gahan kan mataa ofii qabu. Dambiin akkaataa (style rules) kun immoo kan Barreessitoonni miidiyaa akkaataa miidiyichi odeeffannoo dabarsuuf hordofutti fayyadamuun ergaa barbaadan karaa gabaabaa fi bilchina qabuun dubbistoota ykn dhaggeeffattoota biraan gahuu danda'aniin kan isaan akeekuudha.

### **Ifa galeessummaa (clarity)**

Barreffamni harkaa gaariin barreffama miidiyaa gaariidha jechuu hin dandeenyu. Kana jechuun barreessaan miidiyaa tokko dubbifamummaa barreffamichaa qofarratti xiyyeefachuu osoo hin taane jechoonnii fi himoonni barraahan akkaataa seera Afaanichaa egaaniin ta'uu xiinxaluu qaba. Yoo kana hin taane dhaggeeffattoonni ykn dubbistoonni ergaa darbuudhaaf barbaadame sana salphumatti hubachuu hin danda'an.

Gabaabumatti, barreessaan miidiyaa tokko gabaasaa fi Oduun inni barreessu hundi karaa ifa galeessa ta'een barraahu qaba.

Qabxiilee ijoo armaan gadii hordofuun barbaachisaadha:-

Yeroo hundumaa jechoota sasalphaa fi baratamaa fayyadamuun

Seerlugaa fi sirna tuqaalee sirriitti fayyadamuun

Qindoomina keeyyata akektuu (lead) fi qaama (body) oduu eeguun barreessuun

Gochima raawatamaa (active voice) fayyadamuun

Maqibsoota baayyee fayyadamuu fi waa'ee barrefamu sana haalaan ol kaasuu (exaggeration) irraa of quachuu

Barreffamni miidiyaa gaariin qabiyyee wanta irratti barraahu sana irratti hundaa'uudhaa daangeffama qabaachuu qaba.

Barreffamani ykn oduun gabaabaan battalumatti gocha tokko himuuf/ibsuuf kan fayyadu yoo ta'u barreffamni dheeraan immoo duubistoonni suuta jedhanii haala tasgabbaa'aa ta'een akka hubatniif barreffama. Kana jechuun yeroo hundumaa barreessaan miidiyaa tokko odeeffannoowwan gabaabaa fi dheeraa barreessuu qaba osoo hin taane akkaataa qabiyyee odeeffannichaa irratti hundaa'uudhaan daangessuu qaba jechuudha.

## Wantoota gaarummaa barreeffama miidiyaa dhabsiissuu danda'an

### A. Odeeffannoon yoo barbaachisaa ykn hawataa hin taane (If the story is not interesting)

Yeroo hundumaa odeeffannoon barraahu barbaachisummaan ykn hawatamummaan isaa xiinxalamuu qaba. Kana jechuun odeeffannoon barbaachisaa hin taane tokko yoo barrahe waan fudhatama dhabuuf xiyyeefannoodhaan dhimma irratti barreeffamu sana filachuu barbaachisaadha. Kanaafuu, barreessaan miidiyaa tokko odeeffannoo hawaasa bal'aaf ni barbaachisa ykn hawatamaadha jedhee yaade irratti barreessuun qaba.

### B. Odeeffannoo ifa galeessa hin taane (If the story is too vague or unclear)

Odeeffannoon ifa hin taane yeroo hundumaa akka barreeffama miidiyaa gaarii hin taanetti ilaalamu. Kanaafuu, barreessaan miidiyaa yeroo hundaa odeeffannoo barreessu sana dubbistoota ykn dhaggeeffattootaaf ifa akka ta'utti barreessuun qaba.

### C. Dhimma odeeffannoon hedduun duraan irratti barreeffamerratti yoo barreeffame (If there are too many stories already on the subject)

Odeeffannoon dimma namoonni hedduun duraan irratti barreessaan irratti barreeffame fudhatama dhabuu danda'a. Kun immoo barreeffamicha akka barreeffama miidiyaa gaarii hin taanee waan gufuu itti ta'u keessaa isa tokko. Kanaafuu, barreessaan miidiyaa tokko dhimmoota waaqtawaa fi haaraa ta'an filatee odeeffannoowwan irratti barreessuun qaba.

### D. Odeeffannoo Lakkofsoota hedduu yoo qabaate (If the story has too many figures and statistics)

Namoonni baay'een odeeffannoowwan laakkofsoota hedduu qabate dubbisuun hin jaalatan. Fakkeenyaaaf, odeeffannoon kee waa'ee baajataa yoo ta'e karaa gabaabaa fi nuffisiisaa hin taaneen dhiyeessuun barbaachisaadha.

## BOQONNAA 2

### ODUU BARREESSUU (NEWS WRITING)

#### ***Hiika oduu***

Adeemsa qunnamtii hawaasaa bal'aa keessatti hayyooni sabqunnamtii hiika oduu isa dhaabbata kaa'uu irratti baay'ee rakkisaadha jedhu. Kunis kan ta'uu danda'eef odeeffannoona namni tooko oduudha jedhu isa biraatiif oduu ta'uu dhabuu danda'a.

Hiikkaawwan oduu armaan gadii hayyoota garaa garatiin barraahaniiru:-

**William S. Maulsbyl defined news thus:**

*News is an accurate, unbiased account of the significant facts of a timely happening that is of interest to the readers of the newspaper that prints the account.*

Akka hiika armaan olitti oduun odeeffannoo barbaachisaa taateewan waaqtawaa irratti dhugaa fi loogii maleedhaan fedhii dubistootaa galaalchaa irratti hundaa'uudhaan kan barraahaniidha.

William G. Bleyer defines it like this:

*News is anything timely that interests a number of people; and the best news is that which has the greatest interest for the greatest number.*

Akka hiika armaan olittis oduun, wanta waqtaawaa namoonni hedduun dhaggeefachuuf fedha qabaniidha. Akkasumas oduun gaariin oduu namoonni hedduun barbaadaniidha.

Mitchel Chainley defined news as:

*The timely report of facts or opinions that hold interest of importance, or both for a considerable number of people.*

Akka hiika armaan olittis oduun, **gabaasa dhugaa waaqtawaa fi yaada** namoota hedduun barbaadamu ta'uu ni danda'a.

Sam Zelman of CNN says:

*News is what is important because of its impact on society; it is what people need to know and what they want to know.*

Akka hiika armaan olitti oduun, odeeffannoo barbaachisoo hawaasa irrati dhiibbaa uumuu dandanda'anii fi akkasumas odeeffannoo hawaasni beekuu barbaachisuu fi fedhuu dha.

Akkaataa namooni dhuunfaa fi dhaabbileen sabqunnamtii hiikanitti hikkaawwan oduu baay'een jiraachuu ni danda'u. Haa ta'uu malee, qabxiilee armaan gadiitiin Oduun maal akka ta'e ibsuu ni dandeenya. Oduun:-

- Odeeffannoo haaraa hin dhaga'amne
- Odeeffannoo dhugaa fi taatee waaqtawaa ta'ee kan dhageeffattoota hedduu irratti dhiibbaa uumuu danda'u.
- gabaasa yeroo dhiyootti bahee kan ummanni barbaadu
- Odeeffannoowwan hawaasni jiruu fi jienya isaanii irratti murtiwwan murteeffachuuf itti garagaaramaniidha.
- Odeeffannoo dhugaa ta'e. odeeffannoon dhugaa hundi garuu oduu ta'uu hin danda'u
- Yaada namoota ta'uu ni danda'a.

Hiikkaawwan namoota garaa garaatiin barreefamanii fi qabxiilee armaan olitti tarreffaman qaaccessudhaan hiikaan oduu akka armaan gadiitti barraahuu ni dandanda'a:

*“Oduu jechuun odeeffannoowan taateewwan haaraa fi waaqtawaa irratti karaa sirrii fi loogii maleetiin sabquumtiilee fayyadamuudhaan hawaasa bal'aa bira gahiiniidha.”*

### **Akaakuu oduu (types of news)**

#### **A. Oduu cimaa/hatattamaa (hard news)**

Oduun cimaan/hatattamaa oduu fuula jalqaba Galaalchotaa fi toora interneetii irratti arginuu fi kan sabqunnamtiilee tamsaasaa irratti dursa dhageenyuudha.

Fkn: oduu waraanaa, siyaasaa, yakka raawwatame, murtii mana murtiitiin kennname, bu'aan tapha ispoortii fi kkf oduu cimaa ta'uu danda'u.

## B. Oduu salphaa (soft news)

Oduun salphaan akka oduu cimaa fuula jalqaba sabqunnamtiileetti kan bahuu miti. Fkn:- oduun waa'ee seenaa jirenya daa'imummaa Atileetii beekkamaa addunyaa kanaa qabatee bahe oduu salphaadha.

Oduu cimaa fi salphaa dursa ykn fuula jaqabaa sabqunnamtiilee irraatti bahuun qofti garagar hin baasu. oduun cimaan jamaan hennasuma/hatattamatti hubachuu ykn argachuu danda'u. Oduu salphaa garuu jamaan hatattamatti hubachuu dhabuu danda'u. Sababni isaas oduu salphaa irratti barreessitoonni jalqaba isaatti fakkeenyota garaagara fayyadamuun qabxii ijoo odeeffannicha/odeeffannoo barbaadamu gara gidduutti barreessu/dhiyeessu.

## CAACCULEE ODUU (ELEMENTS OF NEWS)

### 1. Waaqtawummaa (timeliness)

Caaculee oduu keessaatti waaqtawummaan isa murteessaadha. Kunis odeeffannooykn oduun tokko akkuma taateen tokko uumameen gabaafamu qaba. Haa ta'uu malee, waqtaawummaan oduu tokkoo akkaataa sabqunnamtii isaan tamsa'aniin irratti hundaa'uu danda'a.

Fkn: Barruun torbeetti maxxanfamu odeeffannoo torbee tokko keessatti raawwatame qabatee yoo maxxanfamu odeeffannooykn Barruun sun qabatee odeeffannoo waaqtawaa jechuu ni dandeenyaa. Haa ta'uu malee, televizhiiniin sa'atii 24 tamsaasu odeeffannoo guyyoota 2n darban keessa raawwatame yoo tamsaase waqtqwummaan odeeffannichaa laafaadha jechuudha.

### 2. Dhiibbaa (Impact)

Oduun/odeeffannooykn sun hawaasa keessaatti ykn namoota hedduutti dhiibbaa uumuu danda'aa? gaafii jedhu kan deebisuudha.

Fkn: Oduun waa'ee saffisaan tamsa'uu Vaayirasii Ebola addunyaa kan irratti namoota hedduutti dhiibbaa uumuu danda'ee jira.

### 3. Dhiyeenya (proximity)

Taateen uumame tokko naanawa dhihoo keenyatti yoo uumame xiyyeefannoo itti kennina. Oduun waa'ee taatee nutti dhiyyatuu dursa argachuu qaba jechuudha. Oduun tokko taatee naannawa dhihoo keenyatti uumame yoo ta'e nuuf barbaachisaa ta'aa jechuudha.

Dhiyeenya bakka lamatti goodnee ilaalu ni dandeenya.

❖ **Dhiyeenya naannoo (geographical proximity)**

kana yoo jennu oduun taatee naannawa keenyatti uumamee nuuf caalatti barbaachisaadha jechuudha.

Fkn: oduun waa'ee xiyyara Afrikaa kibbaa kufee caccabee Itoophiyaatti dursa hin argatu yoo xiyyaaricha keessa lammileen Itoophiyaa hin jirre.

❖ **Dhiyeenya fedhii (proximity of interest)**

Kana jechuunis oduu tokko akkaataa fedhii keenyaatiin ilaalla jechuudha.

Fkn: oduun daballii gibraa daldaloota magaalaa Finfinnee irratti godhame qotee bultoota Naannawa magaalaa Adaamaa caalaa Daldaloota magaalaa Adaamaatiif dhiheenya qaba.

**4. Walitti bu'iinsa (controversy)**

Kunis oduun qophaa'u tokko ummata giddutti garaagarummaa yaadaa uumuu ni danda'a moo hin danda'u kan jedhu kan ibsuudha.

Fkn: oduun biyyoonni Lixaa Vaayrasiin Ebola Afrikaa keessatti akka babal'atuuf callisaniiru jedhu hawaasa addunyaa wal mormisiisaa ture.

**5. Beekkamti (prominency)**

Odeeffannoowwan namootaa fi dhaabbilee bebbeekkamoo of keessatti hammatan oduu ta'uu danda'u. namoonni hawaasa ykn namoota hedduu biratti dhageettii fi beekkamti qaban yaadni isaanii oduu ta'uu ni danda'a.

Fkn: Odeeffannoowwan waa'ee pireezidaantiin Ameerikaa Donald Trump daqiqaa sagaltama kubbaa milaa taphate jedhu battalumatti oduu ta'uu danda'a.

**6. Haarawummaa (currency)**

Kana jechuunis oduun tokko dhimma haaraa ummanni yeroo amma dubbachaa jiruu ta'uu qaba jechuudha.

Fkn: oduu waa'ee leenjii bala tiraafiikaa hir'isuuf kennamaa jiruu osoo hin taane kan balaa tiraafiikaa har'a uumameetu dursa argata.

### **7. Addummaa/taatee addaa (oddity)**

Odeeffannoowwan waa'ee waan baratamaa hin taanee/ adda ta'anii oduu ta'uu danda'u. kunis gaaffii wanta hin baratamneetu uumamee jedhu deebisuu danda'a.

Fkn: sareen yoo nama ciiniinte wanta baratameedha. Haa ta'uu malee, namni yoo saree ciiniine waan hin baratamne waan taateef oduu ta'uu danda'a.

### **8. Barbaachisummaa (necessity)**

Barbaachisummaan caacculee oduu isa kaan irra adda kan ta'eedha. Sababni isaas odeeffannoona caacculee armaan olitti barraahan qabate barbaachisummaan isaa laafaa yoo ta'e oduu ta'uu dhabuu danda'a jechuudha.

### **Karaalee/maloota oduun ittiin funaannamu (Ways of news gathering)**

Karaalee oduu ittiin funaanan sadiitu ( 3) jiru.

1. **Daawwanna (observation):** Gabaasaan iddo taateen sunitti uumametti ykn odeeffannoo jiru sanatti argamee yoo hojjattedha (Reporters goes to the scene of the news.)
2. **Qorannoo (research):** kunis maddoota Odeeffannoo sadarkaa 2<sup>ffaa</sup> qunnamuu dhaan gabaasa qopheessuun dhiyeessuurratti xiyyeeffata.
3. **Af-gaaffii (Interview)**

Af-gaaffiin adeemsa namoota waliin wal-qunnamuun gaaffilee garaa garaa gaafachuun odeeffannoo fedhii hawaasaa guutu ittii funaanani dha. Gama biraatiin Af-gaaffii jechuun Adeemsa odeef-kennaan tokko odeeffannoo, yaada fi muuxxannoo isaa Kara gaaffii afaaniitiin gabaasaaf quoduudha.

### Af-gaaffii (Interview)

Jechuun adeemsa namoota waliin wal-qunnamuun gaaffilee garaa garaa gaafachuun odeeefannoo fedhii hawaasaa guutu ittiii funaanani dha. Gama biraatiin Af-gaaffii jechuun Adeemsa odeeef-kennaan tokko odeeefannoo, yaada fi muuxxannoo isaa kara gaaffii afaaniitiin gabaasaaf quoduudha.

### Gosoota Af-gaaffii (types of interview)

- *Af-gaaffii qofaa (Exclusive Interview)*

Gosoota Af-gaaffii ta'ee kan Gabaasaan tokko qofti irratti hirmaatu dha.

- *Af-gaaffii Paanalii (panel Interview)*

Af-gaaffii kana keessatti Gabaasaan tokkoo ol miidiyaaa tokkorraa irratti hirmaachuu danda'a.

- *Af-gaaffii dhuunfaa (personality Interview)*

Kunis gosa af-gaaffii ta'ee seenaaa, hojii fi akkaataa jirenyaa nama tokkoo barreessuu yoo barbaanne itt fayyadamna. Yeroo baay'ee af-gaaffii qofaa irratti hundaa'uun kennama.

- *Af-gaaffii yeroodehuma sanaa (on-the-spot interview)*

Kunis af-gaaffii yeroo namoonni bebbeekamoo ta'an qaamota mootummaarrraa, barnootarraa, abbootii qabeenyaa bebbeekamoo, ayyaanota garaa garaarraafi k.k.f irraa yeroo isaan dhufan kan gaggeeffsamuudha.

- *Af-gaaffii Gartuu (Group Interviews)*

Af-gaaffii kana keessatti gabaastonni hedduuun miidiyaa garaa garaa irraa yeroo irratti hirmaatan jechuu dha.

- *Af-gaaffii bilbilaa (Telephone Interview)*

Af-gaaffii odeeefannoo funaanuuf bilbilaan raawwatamuudha.

### **Qajeelfamoota Af-gaaffii milka'aawaa gaggeessuu (Tips of conducting successful Interview)**

- ❖ Dhimmaa fi Abbaa gaaffii gaafattu sana qorachuu (research the subject & the source)
- ❖ Beellama qabachuu (make an appointment)
- ❖ Gaaffii qopheessuu (prepare lists of questions)
- ❖ Yaadannoo qabachuu (create shortcuts of note-taking)
- ❖ Waan ittin waraabduu fi dhagaa isaa fudhachuu mirkanoeffadhu.
- ❖ Haalan uffadhu (dress properly)
- ❖ Yeroon argamuu (arrive on time)
- ❖ Akka gabaasaa taate of ibsuu (Introduce as u are a reporter.)
- ❖ Fuula ifaa fi obbolummaadhaan dhiyaadhu (smile & friendly act with the sources.)
- ❖ Waraabuudhaaf Eyyama gaafachuu ( Ask permission for recording.)
- ❖ Gaaffilee sassalphoo tokko ykn lama gaafadhuu ( ask one or two easy questions.)
- ❖ Yoo waraabduu sagalee ykn maayikii fayydamtee af-gaaffii gaggeessaa jirta ta'e ofii keetii harkatti qabachuu qabda. Odeef-kennaa keetitti kennuu hin qabdu.
- ❖ Gaaffilee mitii fi eyyeedhaan deebi'an hin gaafatain
- ❖ Yoo waraabduu sagalee fayydamaa jiraattes yaadannoo qabachuu hin dhiisin.
- ❖ Gaaffilee yeroo gaafattu akka qorataa/qorannoo fakkeessitee hin gaafatain.( Do not be prosecutorial in your approach).
- ❖ Ossoo gaaffii irra jirtuu wanneen gaarii hin taane dubbachuu irraa of quсададу
- ❖ Yeroo Af-gaaffii gaggeessitu odeef-kennaa kee ija keessa ilaali.
- ❖ Yeroo af-gaaffii irratti sagalee waraabduu fayyadamaa jiraatte, gaafaa'i gaafattuun ala sagaleen akka hin waraabamne gochuu qabda. Odeef-kennaa kee akka hordofaa jirtu mallatolee garaagraatiin itti agarsiisuu qabda.
- ❖ Odeef-kennaa keetti oduu hin baay'isin. Gaaffii barbaaddu kallattiin gaafadhu. (ask your questions as straightforward as possible).
- ❖ Gaaffilee ciccimoo gaafadhu (Ask tougher question.)
- ❖ Gaaffilee gaaffileerraaa maddan (ask follow-up questions ) gaafadhu.
- ❖ Odeeffannoowwan siif hin galle irra deebi'ii odeef-kennaa ( Interviewee ) kee gaafadhu.
- ❖ Gaaffii dhuma gaafadhu (ask last questions)
- ❖ Odeeffanno dabalataa yoo qabaate odeefi- kennaa kee affeeri.

- ❖ Hatattamaan irra deebi'ii gaaffilee kee ilaali yoo kan irra dabarte qabaatte gaafadhu.
- ❖ Odeeafi-kenna (Interviewee) galaateeffadhu (Thanks ur sources)
- ❖ Lakk. Bilbilaa keessan wal- jijiiraa.
- ❖ Waan ittiin waraabduu cufi,yaadannoo kee fudhadhuuti deemi.

## **Maddoota Oduu (sources of news)**

### **1. Maddoota eeggaman (Predictable Sources)**

Isaan kunneen maddoota oduu yeroo maraa sabqunnamtiileen fayyadaman yoo ta'u isaanis: oduuwwan sabqunnamtiilee birootiin gadi lakkifaman, gabaasota haaraa bahan, Barruulee ,Galaalchota, maxxansaalee garaa garaa fi kkf.

### **2. Maddoota tasaa/ hin eeggamne (Unpredictable Sources)**

Maddoonni kunneen kan hin eeggamne fi gabaasaan mataan isaa waan oduu ta'u barbaadee kan qopheessuudha. FKN: balaawwan garaa garaa tasa uumaman.

### **3. Maddoota karoorfaman (planned Sources)**

Isaan kun maddoota oduu eeggamaniin wal fakkaatu. Haata'u malee, maddoonni oduu karoorfaman wantoota guutumaan guututti Gabaasaan ni uumama jedhee itti amanuudha.

Fkn: Kabaja Ayyaanotaa, jijiiraa bara haaraa, labsii baajata wagga fi kkf.

Walumaa galatti Gabaasaan tokko oduu kan argatu:-

- ❖ Iddoo taateen tookko itti uumame ykn odeeffannoo itti argame deemuudhaan
- ❖ Namoota taatee uumame sana qabatamaan argan gaafachuudhaan
- ❖ Maddoota oduu sadarkaa lammaffaa ta'an kanneen akka: gabaasota, ragaalee barreeffamaa garaagaraa qorachuudhaan dhugummaa isaa mirkaneessuun funaanuu

## **Gaaffilee 6n oduun tokko deebisuu qabu (5W and 1H questions)**

### **1. Eenyu (who)**

Kunis gaaffilee:

- Odeeffannoo kana keessaatti eenyutu jira/hirmaate?
- Odeeffannichi eenyufaa irratti dhiibbaa geessuu danda'a?

## 2. Maali (what)

Kunis gaafilee maaltu uumamae?, maal gabaasuuf jedha? jamaan oduu kan irraa maal hubatu? ummanni odeeffanno kana irratti maal jedhafi kanneen biro deebisuu qaba jechuudha.

## 3. Eessa (where)

Gaffilee akka: wanti kun eessatti uumame?, eessa demee odeeffannoo kana funaanuu qaba? Odeeffannoон kun garamitti/eessatti deemaa jira/ kan jedhuu fi kanneen biro deebisuu qaba jechuudha.

## 4. Yoom (when)

Wanti kun yoom uumame? Odeeffannoo kana yoom gabaasuu qaba kan jedhan deebii argachuu qabu.

## 5. Maaliif (why)

Wanti kun sababa maaliif uumame? Odeeffannoон kun hawaasaaf maaliif gabaafama? Kan jedhan deebi'uu qabu.

## 6. Akkamitti (how)

Wanti kun akkamitti uumame?

### 2.1 Qaamolee oduu (parts of news)

#### 2.6.1 Mata duree oduu (Headlines)

Mata dureen oduu yeroo hundumaa jalqaba irratti barraaha.

##### ❖ Faaydaa Mata duree oduu (functions of headlines)

Mata dureen oduu haala gaariidhaan barraahe xiyyeffannoo argata ykn dubbistoo ykn dhaggeeffattoota hawata. Jamaan oduu tokko dubbisuuf ykn dhaggeeffachuuf mata dureen oduu murteessaadha. Kanaafuu barreessaan miidiyaatokko mata duree oduu wayta barreessuu akkaataa dubbistoota ykn dhaggeeffattoota harkisuun danda'uun xiyyeffannoodhaan barreessuu qaba. Isaan armaan gadii faaydaa mata duree oduuti:-

##### A. Odeeffannoон addaan baasuuf (It identifies the story):

kana jechuunis mata dureen oduu tokko oduu tokko isa biraan irraa addaan baasuuf tajaajila.

##### B. Odeeffannoo sadarkeessuudhaaf (It grades stories):-

Kana jechuun keessumattuu miidiyaa maxxansaa irratti mata dureewwan odeeffannoo baay'ee barbaachisoo ta'anii gurguddatanii waayta barraahan kan odeeffannowwan barbaachisummaan isaanii laafaa ta'an xixiqqaatanii barreeffamu waan ta'ee mata dureen oduu odeeffannoowwan sadarkeessuudhaaf ni fayyada. Akkasumas miidiyaa tamsaasaa keessatti odeeffannoonaan baay'ee barbaachisoo ta'an mata dureen isaanii hangafoota oduu keessatti hammatamu.

#### **C. Qabiyyee oduu tokko ibsuuf (To index the content of the news story)**

Kana jechuun mata dureen oduu keessumattuu miidiyaa tamsaasaa keessatti qabiyyee oduu yeroo sanaa ibsuuf kan fayyadu yoo ta'u miidiyaa maxxansaa irratti immoo fuula jalqabaa irratti gaggabaabbatee barraahe qabiyyee fulota keessaa dubbistootatti himuudhaan dubbistoonni odeeffannoonaan barbaadan akka filataniif fayyada.

#### **D. Odeeffannoon gurguruudhaaf (To sell a story)**

Mata dureen oduu/ odeeffanno maxxsaa haala gaariin yoo barraahe dubbistoota harkisuu danda'a waan ta'eef galaalchi ykn barruun tokko dubbistoota hedduun akka bitamuuf mata dureen oduu shoora olaanaa taphata.

#### **E. Fuula bareechisuudhaaf (Beautification of the page)**

Mata dureen oduu haala bareedaa fi miidhagina qabuun yoo barraahe bareedina fuula sanaa dabaluudhaan dubbistoota harkisuu danda'a.

#### **Qajeelfamoota mata duree oduu gaarii barreessuu (Guides to Effective Headline Writing)**

- Oduun mata duree irratti barreessitu sana guutumaan guututti hubachuu
- Mata dureen barraahu gara keeyyata jalqaba oduu ykn keeyyata akeektuutti dubbistoota ykn dhaggeeffattoota qajeelchuu qaba.
- Maxxansaalee irratti mata dureen qabee guddaan (capital letter) barreeffame dubbisuun nuffisiisaa waan ta'eef, qabee xiqqaa fi gurraacha'ee (bold) ta'ee yoo barraahe filatamaadha.
- Oduu guutuu keessaa ergaa murteessaa darbuu barbaachise irratti xiyyefachuun cuunfuun barreessuu

##### **2.6.2. Keeyyata akeektuu (liidii) (Lead)**

Keeyyatni Akeektuun (lead) keyyata jalqabaa ykn keeyyata seensa oduu ta'ee gaaffilee 6n Oduun deebisuu qabu kan keessatti deebi'aniidha. Keeyyatni akeektuun odeeffannoowwan baay'ee barbaachisoo ta'an of keessatti waan hammatuuf, qaama oduu isa murteessaadha. Keeyyatni akeektuun kun oduu guutuu cuunfee waan of keessatti qabatuuf hawataa fi siritti akka dubbifamutti barraahuu qaba. Akka Mencher, (2010) ibsutti dheerinni keeyyata akeektuu jechoota 35 caaluu hin qabu. Kanaafuu, barreessitoonni miidiyaa keeyata akeektuu oduu gabaabsanii karaa salphaa fi ifa ta'een barreessuun barbaachisaadha.

### **Akaakuu keeyyata Akeektuu/liidii (types of lead)**

#### **A. Keeyyata akeektuu/Liidi cuunfaa/ goolabduu (Summary Lead)**

Akaakuu keeyyata akeektuu kanaa yeroo hundumaa oduu guutuu sarara muraasaaan cuunfee kan dhiyeessuu fi gaaffilee 6n oduun deebisuu qabu Jamaan salphumatti akka hubataniif gargaara. Innis waa'ee oduuffannoo sanaa cuunfee dhiyyeessudhaan gara boodaatti akka balballoomsamu taasisa. Akkasumas qabxiilee odeeffannicha keessatti ijoo ta'an irratti xiyyeefata.

FKN:

Muummeen Ministeeraa Inglizi Tereesaa Meey Dilbata dhufu gara giddugala bahatti imaluuf. (mata duree oduu)

*Muummittiin Ministeeraa Inglizi Tereesaa Meey Dilbata dhufu irraa jalqabee guyyota 3f biyyoota giddugala bahaa Sawud Arabiyaa, Yuunaaytid Arab Imireet fi Kuwaataar kan daawwatan yoo ta'u, daawwannaanisaaniitiinis haala walitti dhufeeny biyyaalee kanneenii fi biyyaa isaani gidduu jiru cimsuu irratti Aangota olaanoo biyyaalee kanneenii wajjiin ni mari'atu. (liidii)*

#### **B. Keeyyata akeektuu/Liidii waraabbii (Quotation lead)**

Liidiin waraabbii yeroo hundumaa jecha humna qabu jamaa hennasuma gurra bu'uudhaan odeeffannicha sanaan akka hawataman taasisa. Garuu, Liidiin waraabbii yoo jechi sun barbaachisummaan isaa olaanaa ta'e malee fayyadamuun hin barbaachisu. Jechi liidii keessatti haala waraabiitiin dhiyaatus Keeyyata lammaffaa itti aanu keessatti balballoomsamu qaba.

FKN:

Naayjeeriyaan yeroo keessatti muraasa garee Hidhattoota Bookoo Haaraam akka barbadeessitu beeksifte. (mata duree oduu)

*Pirezdaantiin Naayjeeriyyaa Mohammaduu Buhariin gaaffii fi deebii masara isaaniitti Gabaasaa BBC wajjiin taasisaniin "torbee tokko keessatti garee hidhattoota Bookoo haaraam ni barbadeessina" jedhan.* (Liidii)

### Faaydaa keeyyata akeektuu/liidii (functions of lead)

#### A. Oduu guduunfuuf (to summarise the story)

Keeyyatni akeektuun qabxiileee gurguddoo oduu tokko keessatti hammatamanii jiran qabatee jalqaba irra dhufuudhaan dubbistoonni ykn dhaggeeffattooni salphumatti qabiyyee oduu sanaa akka beekan taasisa.

#### B. Gaaffile 6n deebisuuf (to answer 5W and H questions)

Gaaffileen 6n oduun tokko deebisuu qabu hunduu altokkotti yeroo hundumaa keeyyata akeektuu keessatti deebi'uu baatanis Isaan baay'ee barbaachisaa ta'an hafuu hin qaban.

#### C. Dubbistoonni odeeffannoo sana addaan baasanii akka hubataniif (Furnish The Audience/reader With Identification)

Wolumaa galatti keeyyatni akeektuun/Liidiin faaydaalee armaan gadi qaba:-

- Dubbistoota/ dhaggeeffattoota harkisuuf
- Fedhii dubbistoota/dhaggeeffattota keessatti uumuuf
- Mata duree oduu barreessuuf
- Odeeffannoo baay'ee barbaachisaa ta'e jalqabarratti fiduuf

#### Qajeelfamoota keeyyata akeektuu/liidii barreessuu (guides to effective lead writing)

- Liidii oduu wayta barreessinu qabiyyee oduu sanaa guutuu osoo hin taane qabxii ijoo oduu sana keessatti hammatame barreessuu qabna.
- Yeroo hundumaa liidiin keeyyata jalqabaa oduu waan ta'eef dubbistoota ykn dhaggeeffattoota harkisuuf jecha jechoota salphaa fi ifa galoo ta'anitti akka gargaaramte mirkaneessuu qabda.
- **Odeeffannoo dubbistoota ykn dhaggeeffattootatti himuu barbaadde san kallattiid humaan himuu qabda. Kana jechuun qabxii ijoo odeeffannicha keessaa battalumatti himuudha.**
- **Odeeffannoo yeroon isaa barraahuun barbaachisaadha. Fkn: har'a, torbaan dhufu, kaleessa fi kfk.**

#### 2.6.3 Qaama oduu

Qaamni oduu kutaalee oduu keessaa kan keeyyata akeektutti aanee dhufu yoo ta'u, innis odeeffannoowwan akkaataa barbaachisummaa isaaniitiin walduraa duubaan keeyyata

keeyyatatti qoodee kan dhiyeessuudha. Akkasumas odeeffannoowwan keeyyata akektuu irratti dhiyaatan gad fageenyaan kan keessatti balballoomsamuudha. Kana keessattis seenduubeen odeeffannoo, ibsa, ilaalcha namootaa, waraabbii fi kkf dhiyaata.

### **Haala piraamiidii fuggisoo fayyadamuun oduu barreessuu**

Haalli piraamiidii fuggisoo fayyadamuun oduu barreessuu baay'ee baratamaa fi yeroo dheeraa kan ture yoo ta'u innis odeeffannoo tokko qabxiin ijoo isaa keeyyata jalqabaa irratti waan dhiyaatuuf dubbistoonni odeeffannicha hennasuma hubachuu kan dandeessisu waan ta'eef dhaabbileen Miidiya hedduun kan itti fayyadamaa jiraniidha. Kana malees, haalli kun barreessitoonni oduu qabxii ijoo oduu sanaa keeyyata akektuu/liidii irratti dhiyeessuudhaan ballina isaa akkaataa barbaachisummaa isaaniitiin akka kaa'aniif garagaara.



### **Faaydaa tooftaa piraamiidii fuggisoo fayyadamuun oduu barreessuu**

- ❖ Dubbistoonni hatattamatti qabiyyee odeeffannichaa akka hubatan taasisuuf
- ❖ Mata duree oduu sirriitti barreessuuf
- ❖ Odeeffannoo dubbisuudhaaf haala mijaa'aa uuma
- ❖ Haala salphaadhaan akka gulaalamuuf gargaara
- ❖ Dubbistoonni nuffii malee akka dubbisanii garagaara.

Fakkenyaaf, balaan konkolaataa tokko mudatee namoota hedduun yoo miidhe odeeffannoo kana haala piraamiidii fuggisoo fayyadamnee akka armaan gadiitti barreessuu dandeenya:-



## **Qabxiilee Barreessaan miidiyaa tokko osoo oduu hin barreessin dura xiinxaluu qabu**

### **❖ Odeeffannoон guutuu ta’uu**

Kana jechuun barreessaan midiyaan osoo oduun barreefssuu hin eegalin odeeffannoон harkaa qabu gaaffilee 6n oduun tokko deebisuu qabu akka deebisuu danda’u mirkaneessuu qaba.

- ❖ Odeeffannoо barreeffamuu Qaan ni dhimmi illaallatu wajjiin afagaaffii gaggeessuu fi odeeffannicha mirkaneessuu.
- ❖ Waa’een odeeffannoо barraahuu sana gutumatti hubatamuу.

## **Oduu miidiyaa tamsaasaa barreessuu**

Oduu miidiyaa tamsaasaa wayta barreessinu qabxiilee armaan gadii irratti xiyyeefachuuun barbaachisaadha:-

### **A. Sirna tuqaalee (punctuations)**

Oduun miidiyaa tamsaasaa keessumattuu Raadiyoofi TV wayta barraahu sirni tuqaalee xiyyeeffannoо guddaa itti kennamee barraahu qaba.

Fknf. Mallattoo waraabbiي jecha ykn dubbiي nama tokko kallatiidhaan himuu yoo barbaanne kan itti fayyadamnu yoo ta’u, mallattoо qoodduu immoo osoo dubbisnuu iddoо hara galfii (pause) itti gargaaramna.

### **B. Wabeeffachuu (Attribution)**

Odeeffannoон tokko sassaabamee oduun yoo barreeffamu Qaan ni odeeffannoون kenne sun wabeeffamuu qaba. sababni isaas, jamaan odeeffannoون sana qabatamummaa akka mirkaneessaniif waan gargaaruuf.

Fkn:

Itti Gaafatamaa Waajjirichaa kan ta’an obbo Abdiin akka dubbatanitti.....

Gabaasni BBCn har'a baase akka ibsutti.....

Muummichi ministeeraa biyyattii akka jedhanitti.....

### C. lakkofsotaa fi mallattoolee

Odeeffanno Miidiya tamasaasaa qilleensarratti waan dubbifamaniif lakkofsota baay'ee ta'an dubbisuun baay' rakkisaadha. Kanaafuu lakkofsota 1-999 jiran lakkofsaan yoo barraahan 999 oli kan jiran immoo jechaan barraahu qabu. Akkasumas lakkofsi 1 qabee "L" xiqqaan (I) waan wal fakkaatuuf lakkofsa 11 (kudha tokko) wayta barreessinu jechaan barreessuu qabna.

FKN:

***Gamtaa Awurooppaa diinagdee Itoophiyaa deeggaruudhaaf Birrii 51,444,550, 000 Arjoome.***

Odeeffannoo armaan olii kana qilleensarratti dubbisuun rakkisaadha. Mallattooleen garaagaraas dubbisaa oduu qilleensaraatti rakkisuu waan danda'aniif jechaan barraahu qabu.

Fkn:- \$= Doolaara    %=Dhibbeentaa/persantii fi kkf

### D. Umrii (ages)

Barbaachisummaan isaanii olaanaa yoo ta'een ala oduu keessatti umrii namootaa barreessuun hin barbaachisu.

FKN:

- Dargaggoon waggaa 25 lammii Inglilaand guyyaa kaleessaa Aacterii beekkamtuu biyya Kanaadaa Keerii Ismiiz wajjiin gaa'ila isaa raawwate.
- Guyyaa kaleessaa Balaa Ibiddaa Magaalaa Adaamatti mudateen lubbuun namoota 25 kan darbe yoo namoota balaa kanaan lubbuun isaanii darbe keessaa shan daa'imman waggaa lamaa gadiit.
- Manguddoon waggaa 85 lammii Jarman Dubree wagaa 22 wajjiin gaa'ila isaa raawwate.

### F. Gabaajeewan (abbreviations)

Ergaan ykn odeeffanno miidiya tamasaasatiin (Raadiyoo fi TV) darbuu yeroo tokko darbinaan waan irra hin deebineef dubbistoonni akka miidiya maxxansaa irra deebi'anii ilaaluuf carraa hin qaban. Kanaafuu, oduu miidiya tamasaasaa keessatti gabaajeewan beekkamoo hin taane fayyadamuun gaarii miti maqaa guutuu isaanii barreessuun barbaachisaadha.

FKN: Gabajeeawan bebeekamoo

- UNESCO
- UN
- UK
- NATO
- U.S

**F. Maqaa fi mata duree maqaa (name and titles)**

Oduun miidiya tamsaasaa wayta barraahu yeroo hundumaa mata duree maqaa dura barraahu qaba.

Fkn:-

Dokter Riik Machaar,

Injiner caalaa Galataa

**G. Waraabbii (Quotation)**

Wayta oduu miidiya tamsaasaa barreessinu jechoota ykn dubbii namootaa humna qaban (powerfull speech) kallattiin waraabbii keessaa galchinee barreessuu qabna.

**Raadiyoof barreessuu (Radio Scripts)**

- Oduun/odeeffannoonaan raadiyoo waan ijaan hin mula'anneef, salphaafi baay'ee kan nama harkisu ta'uu qaba.
- Odeeffaannoonaan raadiyoodhaan darbu bifaa waliin dubbii (conversation) fakkaataauun barraahuu qaba.

The secret of writing for radio is quite simple.  
**Simplicity.** It's as if we're having a

- ❖ Radio lovers often say that you get the best pictures on radio. In other words, what is being said on radio allows the audience to create pictures in their minds about what is happening, and because of this, the best writing for radio allows people to visualize what is being described. Too many facts packed together will cause confusion rather than pictures.

- Oduun/odeeffannoonaan raadiyoo darbu ijaan waan hin mul'anneef sammuu dhaggeeffattootaa keessatti bifa fakkii taatee sanaa uumuu danda'uu barraahu qaba.

*One of the strengths of radio is that it talks to the individual rather than a mass audience. In other words, although radio is broadcast to hundreds of people simultaneously, good radio makes each listener feel as if they are being spoken to personally. One of the ways it does this is to speak to people, rather than read to them, so scripts have to sound as if they are coming from the mind of the broadcaster – like part of a conversation – rather than something that is being read.*

**The key to good writing is simple thoughts simply expressed. Use short sentences and short words. Anything which is confused, complicated poorly written or capable of**

*The key difference between writing for print and writing for radio is that in radio you have one chance to get your story across. Listeners cannot rewind the broadcast to work out what you are saying, or ask questions about something they do not quite understand. For those reasons it is important that your writing is logical and progresses at an even pace. Work out what points you need to make, and then connect them in a way that makes sense.*

- ❖ Tamsaasa raadiyoo keessatti jamaan waan hingalleef hennasuma si gaafachuu ykn waan ati sirreessuu qabdu sitti himuu waan hindandeenyeef, barreeffama kee dursiteetuma haala hubatamuufi siritti ifa ta'een qindeessu/barreessuu qabda.

Unlike print, radio listeners can't go back to the part they've missed. It has to be clear the first time, because there is no second chance.

- ❖ Akka Televizhiinii suuraawwan fi Viidiyoowwan jechoota gargaaran waan hin jirreef barreeffamni Raadiyoof barreeffamu bifa addeessaattin qindaa'uu qaba.

Unlike TV, there are no pictures to reinforce your words. That means your script has to do all the describing. It also has to grab the listener's attention. You can't back into the main point - you have to get to it quickly without a long preamble.

Unlike Internet, it's not available for weeks at a time. You have one, and only one, opportunity to make an impact.

- Radio is personal - you're talking to one person at a time. That's why your writing has to sound like it is "talked", not read. Lectures don't work on radio. Your script can't be just "read". It has to be performed.

Radio writing has to be tight and clear, and above all, interesting. Over-the-air radio has been called the theater of the mind, because good writers can conjure up images for listeners. But most radio news is heavily formatted into tiny story slots, so you need to be as clear, descriptive, and direct.

### **Televizhiiniif Barreessuu (writing TV Script)**

Televizhiiniin miidiyaa suur-sagalee waaan ta'eef humni namaa hojii isa irratti hirmaatu kan Raadiyoo ni caala. Kana jechuunis oduu TV tokko funaanuuf gabaasaan (reporter) fi ogeessi kaameeraa (cameraman) waliin ta'anii qindoominaan hojjatu.

Gabaasaan TV tokko wayta oduu funaanuuf deemu ogeessa kaameraa isa waliin ta'uudhaan taatee (scene) barbaachisoo ta'an hundaa waraabuun barbaachisaadha. Yoo kana hin taane, oduun barraahu suur-sagalee (video element) waraabame jiru sanaan yoo wal hin gitne fudhatamummaan/daawwatamummaan inni daawwattoota biratti qabu gadi bu'uu danda'a.

Kanaafuu, Gabaasaan TV tokko dursee suur-sagalee oduu barreessuuf jedhuu san sirriitti ibsu danda'u akkamitti akka waraabamu irratti karoorfatee waraabbaachuu qaba. Sana booda jechoota suraa waraabbate sana haalaan ibsuu danda'u fayyadamee barreessuu qaba.

### **Miidiyaa maxxansaatiif barreessuu (writing for print)**

Miidiyaa maxxansaatiif wayta barreffamu qajeelfamoota barreffama miidiyaa gaarii barreessuu kan hordofnu yoo ta'u qabxiilee armaan gadi xiyyeffannoo keessaa galchinee barreessuu qabna.

- Barreffamni maxxansaalee dubbistoota nuffisiisuu danda'a waan ta'eef wayta barraahu **rogni bitaa fi mirgaa** walqixxaatee (justified) ta'ee barraahu qaba.
- Dubbifamuma maxxansaa tokkoof **Mata dureen** odeeffannoo murteessaadha. kanaafuu, mata dureewan odeeffannoowwan maxxansaa mata dureewan salphumatti dubbistoota harkisu ta'uu qabu.

- **Ibsitoota suuraa (captions).** Ibisituun suuraa maxxansaalee irratti barreeffama gabaabaa suuraa gara jalaatti waa'ee suuraa sanaa ibsu yoo ta'u innis suuraa ilaallamaa jiru sanirratti odeeffannoo dabalataa kennuuf kan fayyaduudha. Kanaafuu, dubbistoonni odeeffannoo tokko salphumatti akka hubataniif suuraa odeeffannoo sanaaf ibsa (caption) gabaabsanii barreessuu barbaachisaadha.
- **Suuraa (pictures).** Dubbistoonni yeroo baayyee maxxansaalee dubbisuudhaaf surraawwaniin hawatamu. Suuraan haala gaariidhaan ibsituu suuraa wajjiin qindoomee barreeffame dubbistoonni yoo yeroo hin qabaaneeyyuu odeeffannoo sana akka dubbisaniif dhiibbaa irratti uuma waan ta'eef suuraawan dubbistoota hawachuu danda'an fayyadamuu barbaachisaadha.arbaachisaadha.

## Toora Interneetiiif barreessuu (writing for online)

Jechi 'Internet' jedhu jechoota lamaan; 'international' jedhuu fi 'network' jedhurraa kan walitti dhufe yoo ta'u innis walitii hidhamiinsa (network) idila addunyaa jechuudha.

Akkasumas 'interneetii' neetworkii neetworkiiti. Kana jechuun toorri interneetii daangeffama osoo hin qabaatin odeeffannoo addunyaa kana guututti tamsaasuun kan itti danda'amuudha.

Odeeffannoont toora interneetii gubbatti barreeffamu qajeelfamoota barreeffama miidiyaa gaarii hordofuu kan qabuufi qabxiilee armaan gadii irratti xiyyefachuun barbaachisaadha.

### A. Guutummaa (Efficiency)

Toora interneetii gubbatti odeeffannoont barreeffamu guutuu ta'uu qaba. Odeeffannoo ciccitaa fi qabxii ijoo isa salphumatti argachuun hin danda'amne hordoftoota (audience) irraa yeroo fixuu Akkasumas jibbamuu danda'a waan ta'eef barreessitoonni odeeffannoo toora interneetii karaa guutummaa qabuun barreessuu qabu.

### B. Salphaa ta'uu (Simplicity)

Odeeffannoont toora interneetii gubbatti barraahu jechoota salphaa fi kallattiidhaan dubbistootaaf kan galu ta'uu qaba.

### C. Sirrummaa (accuracy)

Barreessaan Odeeffannoont toora interneetii tokko sirrummaa odeeffannoo sanaa osoo hin mirkaneessin tamsaasuun hin qabu. Sababni isaas, odeeffannoo sirrii hin taane toorri interneetii tokko yoo gadi lakkise yeroo biraatiif fudhatamummaan toorichi hawaasa biratti qabu waan baduuf xiyyeffannoondhaan odeeffannoo tamsa'uuf jedhu sirrummaan isa ilaalamuu qaba.

## **BOQONNAA 3**

### **Fiicharii Barreessuu (Feature Writing)**

#### **Hiika Barreeffama Fiicharii**

Barreeffamni Fiicharii odeeffannoo haala miidhagina qabuun barreeffame waa'ee taatee, iddo, haalaa, hojilee jiruu fi jirenya namootafi kanneen biroo bal'inaan haala bifaa kalaqa of keessaa qabuun dhugaa irratti hundaa'ee dhiyaatuudha.

Barreeffamni Fiicharii Odeeffannoo haala baldhina qabuun dhiyaatu kan namoonni barbaadanii fi Odeeffannoo haala gaazexoeffameen dhiyaatu (journalistic) ta'ee fi oduu dhugaa irratti hundaa'uudhaan gadi fageenyaa waa'ee taatee tokko bifaa nama hawatuun kan dhiyeessuudha. Gama biraatiin, barreeffamni Fiicharii Miidiyaalee tamsaasaa fi maxxansaa keessatti qabiyyee guddaa qabachuudhaan odeeffannoowwan gadi fageenyaa kan ittiin dhiyaataniidha.

Akkaumas, barreeffamni fiicharii akka oduu cimaa (hard news) hatattamatti qophii gahaa osoo hin goone kan gabaasnu osoo hin taane, yeroo fi iddo gahaa fayyadamannee odeeffannoo seenduubee, gadi fageenyaa fi haala sammuu jamaa keessatti waa uumuu danda'uun kan dhiyeessiuudha.

Kaayyoon guddaan barreeffama Fiicharii odeeffannoo kenuuf fi bashannansiisuudha.

#### **4.2 Amaloota barreeffama Fiicharii (Characteristics of features)**

Barreeffamni fiicharii Asoosamaa miti. Barreeffamni fiicharii karaa madaalawaa fi haala ergaa odeeffannicha sanaa gama maraanuu ibsu danda'uun barreeffama. Gama biraatiin, barreeffamni

fiicharii oduu cimaa (hard news) caalaa Asoosoma gabaabaa fakkaata. Garuu, wanti guddaan Asoosamaa gabaabaa fi barreeffama fiicharii addaan baasu baay'ina fuula barreeffamichaa osoo hin taane, barreeffamni fiicharii odeeffannoo dhugaa ta'uu isaati. Akkasumas barreeffamni fiicharii oduu cimaa caalaa odeeffannoo gadi fageenyaan dhiyeessa. Qabxiileen muraasni armaan gadi amaloota barreeffama fiicharii ibsu.

### A. Yeroo dheeraa turuu (Imperishable)

Odeeffannoon barreffama fiicharii yeroo baay'ee akka oduu yeroon Walitti waaan hidhanneef yeroon irra darbamee akka oduu jibbiinsi guddaan hin qunnamuu. Barreffamni fiicharii tokko yeroo hundumaa jalatama argachuudhaaf dandeettiin barreessichaa murteessaadha. Kana jechuun barreffamichi haala gaariidhaan gadi fageenyaan (baldhinaan) kalaqa gara garaa fayyadamuudhaan yoo barraahe carraan inni dubbifamaa turuu dheeraadha. Kanaafuu, barreessitooni miidiyaa wayta barreffama fiicharii barreessaan mata duree gaarii filachuudhaan haala nama hawatuun odeeffanno tokko gadi fageenyaan xiinxalanii barreessuu qabu.

### B. Osoo hin fooyeesine deebifamee maxxanfamuu hin danda'u (Cannot be scooped)

Barreffamni fiicharii tokko qaama biraatiin barreffame akkuma jirutti fudhatamee maxxanfamuu hin qabu. Yoo akkuma jirutti gara galchuudhaan maxxansiiifne hojii kalaqa abbaa biraa fudhachuu ta'a waan ta'eef barreffama sana irratti odeeffanno dabalataas ykn haala addaatiin barreessuun barbaachisaadha. Kanaafuu, barreessaan miidiyaa tokko yeroo hundumaa mata duree irratti barreessuu filatee barreessuu qaba.

### C. Mata duree tokko irratti odeeffanno gadi fageenya dhiyeessuu (Give in-depth information on topical issues)

Barreffamni fiicharii mata duree tokko irratti odeeffanno gadi fageenya jamaaf kenna. Kanaafuu, barreessaan barreffama fiicharii tokko yeroo waan qabuuf mata duree sana irratti qoranno gadi fageenya gaggeessuudhaan odeeffanno baldhinaan jamaaf dhiyeessuu qaba.

### D. Odeeffanno waqtaawaa hin taane fi guutuu ta'eedha (Delayed and more complete)

Odeeffannoon barreffama fiichariitiin dhiyaatu yeroodhaan kan sardamuu miti. Sababni isaas odeeffannoon bal'inaan funaanamuudhaaf qoranno gadi fageenya ni barbaachisa waan ta'eef. Akkasumas, odeeffannoon baldinaan dhiyaatu qaamota garaa garaa waan hirmaachisuuf odeennicha haala guutuu fi madaalawaa ta'een akka dhiyaatuuf gargaara.

#### E. Miidhagina (Colourful)

Barreeffamni fiicharii tokko tokko wayta barreeffamu jechoonnii fi afaan itti fayyadamnu kan oduutiin wali hin fakkaatuu. Kana jechuun sammuu jamaa keessatti fakkii uumuuf jecha kalaqa fayyadamuun barreeffamichatti miidhagina horuudhaan jamaan akka hawataman taasisuun barbaachisaadha.

### Akaakuu barreeffama Fiicharii (Types of feature stories)

- ❖ **Fiicharii fedhii/hojii nama irratti hundaa'ee barreeffamu (Human Interest features)**

Akaakuun fiicharii kanaa baay'ee baratamaa fi beekama kan ta'ee fi hojii walii gala hawaasa keessatti hojjataman irratti xiyyefachuudhaan fedha namootaa irratti hundaa'ee kan barreeffamuudha. Fiichariin kun haala jiruu fi jirenya namootaa irratti xiyyeffatamee waan barreeffamuuf jamaan taatee sana keessatti akka waan hirmaatanitti akka yaadan taasisa.

- ❖ **Fiicharii Seenaa nama tokko ibsu (personal profile features)**

Gosti Fiicharii kanaas baay'ee barataamaa yoo ta'u, innis Seenaa ykn haala jiruu fi jirenya nama tokko gadi fageenyaan dhiyeessuudhaan namoonni nama seenaan isaa barraahe sana akka hubatan taasisa. Yeroo baay'ee akaakuun fiicharii kanaa namoota hawaasa bal'aa biratti hojii gaarii hojjatanii milkaa'anii fi namootaa bebbeekkamoo irratti xiyyeechuudhaan barreeffama.

- ❖ **Fiicharii akkaataa wanti tokko ittiin hojjatamu ibsu (How-to-do)**

Fiichariin kun kaayyoon guddaan isaa barsiisuuf waan ta'eef akkaataa wanti tokko itti hojjatamu gadi fageenyaan jamaa barsiisa. Barreessaan barreeffama kanaa namoota muuxannoo qabanii fi ogeeyyotaa waan sana beekan wajjiin af-gaaffi gadi fageenya gaggeessuudhaan haalaa guutummaa qabuun dhiyeessuu qaba. Jalqabbiin fiicharii kanaa faaydaa wanta sanaa jamaatti himuudhaan osoo ta'ee filatamaadha. Gama biraatiin, barreeffama kana keessatti adeemsi wanti tokko ittiin hojjatamu wal duraa duubaan kan dhiyaatuu fi meeshaaleen wanta sana hojjachuudhaaf barbaachisan hunduu keessatti yoo hammataman jamaa haalaan hubachiisuu danda'u.

❖ **Fiicharii Seenaa ibsu (Historical features)**

Fiichariin Seenaa ibsu taateewwan yeroo darban keessatti raawwatamanii fi guddina hawaasaa, diinagdee fi siyaasaa baroota darbanii sanafi kan ammaa kan wal madaalsisu yoo ta'u jamaan taatee baroota darban ta'ame sana har'a irra dhaabbatanii akka ilaalan taasisuu fi bara taateen sun itti raawwatames kan ibsuudha.

❖ **Fiicharii taatee waqtii ibsu (seasonal themes features)**

Akaakuun fiicharii kanaa taatee waqtii murtaa'e tokko keessa raawwatame kan ibsu yoo ta'u yeroo baay'ee dhimmoota waaqtawaa kanneen akka Ayyaana wagga, jijiirraa bara haaraa, fi kkf irratti xiyyeefstatee barreeffama.

❖ **Fiicharii oduu (News feature)**

Fiichariin oduu yeroo baay'ee kan barreeffamu oduu hoo'an dhiyaatu tokko baldhinaan dhiyaachuu kan qabu yoo ta'e odeeffannoon barbaachisu gadi fageenyaan qoratamee haala jamaa siritti hubachisuun barreeffama.

❖ **Fiicharii imaltuu (The Travelogue features)**

Akkuma maqaan isaa ibsutti gosti fiicharii kanaa kan barreeffamu imala iddo tokko irraa gara iddo biratti taasifamu irratti hundaa'eeti. Kana jechuun Gaazexeessaan tokko daandii wayta imalu taatee fi iddo wayta imala isaatti ilaale wal madaalchisaa haala jamaa fakkii taatee fi iddo sanaa sammuu isaanii uumuu danda'uun kan barreeffamuudha.

## **Qaamota Barreeffama Fiicharii (parts of feature story)**

➤ **Liidii (lead)**

Barreeffamni fiicharii yeroo baay'ee akka oduu mata duree (headline) hin qabu. Odeeffannoon barreeffama fiicharii tokko wayta barreeffamu jalqabarratti ykn Liidii irratti jecha gabaabaa waa'ee barreeffamicha (topic) ibsuu danda'uu fi jamaa hawachuudhaan hanga dhuma barreeffamichaatti dubbisiiusuu danda'u filachuudhaan barreeffama. Liidii keessatti barreessaan barreeffama fiicharii bifaa kalaqa (creative) fi addeessuutiin (descriptive) ta'een dhiyeessuu fi

odeeffannicha sana qu sachuudhaan dubbistoota/dhaggeeffattooni akka odeeffannicha dubbisuudhaaf jarjaran (suspense) gochuu qaba.

### ➤ **Walqabsiiftota yaadaa (transitions)**

Walqabsiiftonni yaadaa barreffama fiicharii keessatti jamaa yaadota wal fakkaatan iddo tokkotti argachuudhaan odeeffanno sana haalan akka hubataniif gargaaru. Kunis odeeffannoowwan gadi fageenyaan qorannoo, Afgaaffi, sakatta'iinsaa fi kanneen birootiin argaman akkaataa wal fakkeenya ykn Walitti dhiheenya isaaniitiin akka qindaa'aniif gargaaru.

### ➤ **Waraabbiwwan (quotes)**

Barreffamni fiicharii uumama isaatti bal'inaan/gadi fageenyaan odeeffanno waan dhiyeessuuf ilaalchota namoota gara garaa dhimma irratti barraahu sanarratti funaanee bifaa waraabbiitiin kaa'uudhaan jamaa haala hawataa ta'een barreffamicha akka dubbisaniif/dhaggeefftaniif fayyada. Barreessaan barreffama fiicharii tokko kana gochuu kan danda'u wayta odeeffanno funaanutti Afgaaffiwwan ciccimaa gaggeessuun, keessumattuu gaaffilee akka "Akkamitti ?" fi "maaliif ?" jedhan yoo gaafate yaada/ilaalcha namoota haala gaariin sassaabachuu danda'a. Kana jechuunis, yaada namootaaakkuma jirutti garagalchuu osoo hin taane ilaalcha adda ta'e ykn yaada gaarii/bilchaataa ta'e waraabbii keessa galchinee barreessuun barbaachisaadha.

### ➤ **Goolaba (conclusion)**

Goolaba barreffama fiicharii keessatti sammuu dubbistoota/dhaggeeffattootaa keessatti waan hin dagatamne tokko uumuuf jecha cimaa waa'ee guutuu barreffama sanaa bakka bu'uun xumuruun barbaachisaadha. Kanas gochuun kan danda'amu waraabbii cimaa sammuu dubbistoota/dhaggeeffattootaa keessatti waa uumu danda'a jennee itti amannee fi jecha guutuu barreffamicha guduunfuu danda'u yoo fayyadamne goolaba barreffamicha miidhaaksuu dandeenya.

## BOQONNAA 4

### Bu'uraalee Barreessuifi Gulaaluu

Barreffamni miidiya haala guutuu, salphaa, hiika qabuu fi ifa galeessa ta'een yoo hin barroofne fudhatamummaan inni jamaa biratti qabu kufuu danda'a. Kanaafuu, odeeffannoon tokko osoo ija ykn gurra ummataa hin ga'in dura xiyyeffannoodhaan barraahu fi gulaalamuu qabu. Qajeelfamoonni ijoo armaan gadii qajeelfamoota odeeffaannoон miidiya tokko osoo hin tamsa'in haala ittiin barreffamuu fi gulaalamuu qaban kan ibsanidha.

#### **Qajeelfama Seerluga sirriitti fayyadamuun (Principles of standard usage)**

Qajeelfamni seerluga sirriitti fayyadamuun kun kan irratti xiyyeffatu wayta odeeffannoон miidiyaadhaaf tamsa'uuf jedhu barraahu seerluga sirrii fayyadamuu akka qabnu kan ibsuudha.

##### **A. Afaan sirrii fayyadamuun (Use Technically Accurate Language)**

Odeeffannoон miidiyaadhaan darbuuf barraahu erga barbaadame jamaa hubachiisuuf barreessitoonni odeeffannoо Afaan sirrii fayyadamuu qabu. Kunis kan danda'amu jechoonni fayyadaaman seerluga Afaanicha kan hordofan ta'uu isaanii mirkaneessuun barbaachisaadha.

##### **B. Jechoota Idileetti fayyadamuun (Use the Appropriate Level of Formality)**

Odeeffannoон miidiya kamuu hawaasaa bal'aa iddoо garaa garaa fi sadarkaa garaa irraa jiru bira waan gahuuf jechoota idilee fayyadamuun ergaa barbaadame hawaasa biraan gahuun barbaachisaadha.

##### **C. Himoota dhedheeeroo/ bal'aa fayyadamuun dhiisuu (Avoid Bulky Sentences)**

Jamaan ergaa miidiya tokko kan hubatan yoo odeeffannoо jechoota salphaadhaan addaan qoqqodamee ergaa barbaadame dabarseedha. Odeeffannoон jechoota baay'ee bal'aa fi dheeraan barraahe keessumattuu miidiya tamasaasa irratti ergaa barbaadame dabarsuu irratti rakkisaadha. Kanaafuu, yeroо hundumaa barreessitoonni miidiya odeeffannoо tokko jechoota salphaatti addaan qoqqodanii barreessuu qabu.

##### **D. Galumsa maqaa fi bamamaqaa sirrii fayyadamuu (Make Sure Nouns and Pronouns Agree)**

Maqaafi      ibsitooni      maqaa      haala      qidoomina      qabuun      yoo      barraahan  
dubbistoonni/dhaggeeffattooni ergaa miidiyaa tokko haala salphaadhaan akka hubataniif  
gargaara.

#### **E. Sirna Tuqaalee sirriitti fayyadamuu (Keep Punctuation Simple)**

Barreeffama miidiyaa keessatti sirni tuqaalee kanneen akka:- mallattoo gaaffii , qoodduu jaba, qoodduu, tuqlamee, sarara xiqqaan baay'inaan kan fayyadaniidha. Sirni tuqaalee haala dubbistoonni odeeffannoo tokko ittiin dubbisan kan hubachiisu yoo ta'u, miidiyaa Tamsaasaa irratti haala jechi tokko itti sagaloomus kan ibsaniidha.

#### **Qajeelfama Afaan salphaatti fayyadamuu (Principles of simple language)**

Milkaa'ina Hojji miidiyaatiif qabxiin ijoon Afaan salphaa fi sirrii fayyadamuudha. Kana gochuuf qajeelfamoонни armaan gadi barbaachisoodha.

#### **A. Barreessuu osoo hin eegalin dura itti yaadi (Think Before You Write, Then Write Logically)**

Barreeffama miidiyaa tokko wayta barreessuuf jennu dura wanti barreessuuf jennu haala barbaanneen qindaa'ee sammuutti nuuf dhufuu dhabuu danda'a. Kanaafuu, osoo barreessuu hin eegalin maal barreessuu akka qabnuu jechoota akkamii yoo fayyadamne dubbistoota/dhaggeeffattoota keenya hubachiisuu akka dandeenyu erga itti yaadnee booda barreessuu qabna.

#### **B. Akka haala dubbii ofitti barreessuu (Write Naturally)**

Barreesitooni miidiyaa jechoota yoo barreessaan haala dubbii ofii dubbataniin barreessuu fi akkasumas miidiyaa tamsaasaa irratti qilleensa gubbatti jechoota akka haala dubbii isaaniitti sagaloomsuu qabu.

#### **C. Irra deddeebii jechoota hambisuu (Avoid Redundancies)**

Barreeffama miidiyaa keessatti jechoonni irra deddeebi'an faaydaa hin qaban. Sababni isaas jechi duraan jedhame hiika ykn ergaa dabarsee jira waan ta'eef jechoonni irra deddeebi'an yeroo fi iddo qisaasesuun ala faaydaa hin qaban. Kanaafuu, barreeffama miidiyaa keessatti irra deddeebii jechoota walfakkatanii hambisuun barbaachisaadha.

#### **D. Jechoota biyya alaa fayyadamuu irraa of quachuu (Avoid Foreign Constructions)**

Jechoota biyya alaa baay'inaan barreeffama miidiya keessatti yoo fayyadamne dhaggeeffattoota ykn dubbistoota hubachiisuu waan hin dandeenyeef ergaan darbuuf barbaadame haala barbaadameen darbuu dhabu danda'a. Kanaafuu, hamma danda'ametti jechoota biyya alaa maqaa ykn hiika isa biyya keessaa bakka isa b'u danda'u filachuun barreessuu dubbistoota ykn dhaggeeffattoota hubachiisuu danda'u qabna.

#### **E. Himoota gabaabaa fayyadamuu (Use Short Sentences)**

Gaazexeessitooni yeroo hundaa jechoota gabaabaaa yoo fayyadaman filatamaadha. Sababani isaas jechoonni dheeroon miidiya maxxansaa irratti iddo kan qisaasessuu fi miidiya tamsaasaa irratti yeroo kan fixuu fi erga barbaadame salphumatti dhaggeeffattoota ykn dubbistoota hubachiisuu waan hin dandeenyeef jechoota gabaabaa fayyadamuu barbaachisaadha.

#### **F. Gocha raawwataa filachuun (Prefer Active Voice)**

Gochimni raawwataan qaamni tokko gocha raawwachuu isa kallattiin kan ibsuudha. Wayta barreeffama miidiya barreessinu gochima raawwatama filachuun barbaachisaadha.

##### **Fkn 1:- gochima raawwatamaa**

- Biiron qonnaa Oromiyaa Teknolojiwwan qonnaa haaraa qotee bultoof rabsaa jira.

##### **Fkn 2:- gochima irraawwatamaa**

- Teknolojiwwan qonnaa haaaraa Biiroo qonnaa Oromiyaatiin Qonnaan bultootaaf rabsamaa jiru.

Odeeffannoowwan lamaan armaan olii keessaa isa fkn tokkoffaa irratti kennname yoo filanne gaariidha.

#### **Qajeelfama Afaan Hiika qabutti fayyadamuu (principles of meaning full language)**

Ciminni guddaan barreessitoota miidiya Afaan hiika qabutti fayyadamuudhaan ergaa barbaadan dubbistoota ykn dhaggeeffattoota hubachiisuudha. Kana gochuuf qajeelfamoonni armaan gadii shoora olaanaa taphatu.

#### **A. Jechoota sammuu keessatti fakkii uumuu danda'an fayyadamuu (Create Word Pictures)**

Barreessitooni miidiya ergaa/odeeffanno tokko dubbistootatti himuuf yoo jedhan haala taatee wanta irratti barreessanii sun sammuu dubbistootaa/dhaggeeffattootaa keessatti qabatama

fakkaatu fakkeessanii barreessuu qabu. Kana jechuunis taatee tokko dubbistootatti himuu qofa osoo hin taane barreeffamumaan agarsiisuu qabna jechuudha.

### **B. Odeeffannoo haala gooreffameen addeessuu (Use Precise Descriptions)**

Barreessitoonni miidiya ciccimoon odeeffannoo tokko dimshaashessanii dhiyeessuu osoo hin taane Gooreetti (specific) godhanii dhiyeessu. Kunis odeeffannicha salphumatti akka hubatamuuf gargaara.

Fkn: 1- Warshaa sukkaara Wanjii bara kana kisaaraan mallaqaa hedduu mudate. (general)

Fkn: 2- Warshaa sukkaara wanjii bara kana Kisaaraan mallaqaa Birrii Miiliyoona 10 mudate. (Specific)

### **C. Jechoota nuffisiisoo jechoota birootiin bakka buusi (Replace Cliches With Original Words)**

Jechoonni yeroo baay'ee irra daddeebiidhaan namoonni hedduun fayyadaman gurra dhaggeeffattootaa fi ija dubbistoota nuffisiisuu danda'u. Kanaafuu, barreessaan miidiya tokko jechoota hawaasa keessatti baay'ee hasa'amuun namoota hedduu biratti jibbamaa/nuffamaa jiru fayyadamuun barreessuu hin qabu.

## **Gulaaluu**

### **3.4 Sadarkaalee gulaallii**

Barreeffamni miidiya tokko gulaalamee miidiyaaf darbuuf Sadarkaalee sadan armaan gadi keessaa darbuu qaba

#### **3.4.1 Irra deebiin ilaalu (Revising)**

Akka Camp (1998) ibsutti Irra deebiin ilaalu jechuun Adeemsa barreeffama barreessine tokko irra deebinee/keessaa deebinee ilaaluuti. Gama biraatiin irra deebiin ilaalu jechuun barreeffama barraahe tokko hojii jalqabaa irraa hanga dhumaatti akka haaraatti ija haaraan dubbistoota ykn dhaggeeffattoota odeeffannichi bira gahuuf jedhuu ta'anii ilaalu jechuudha. Adeemsa kana keessattis barreessaan miidiya tokko gaaffilee armaan gadi of gaafachuu qaba:-

- Faaydaan odeeffannoo kanaa ifaa?
- Akkaataan odeeffannicha ittiin qindaa'e sirrii dhaa?
- Himoonni hunduu waan ibsu barbaadan ibsanii jiruu?

- Walqabsiiftonni yaadota akka barbaadametti wal qabsiisanii jiruu?
- Jechoonni ifaa fi Gooreffamanii jiruu?
- Jecha haala nuffisisuu danda'uun faaydaa irra oole ykn hin barbaachifne jiraa?
- Ergaawwan barraahan bifaa gochima raawwataatiin barreeffaniiruu? Kan jedhuu fi kanneen biroo of gaafachuun qaba.

### 3.4.2 Gulaaluu (Editing)

Dandeettiin gulaaluu dhimma ijoo barreessaa miidiyaati. Gulaaluun Adeemsa barreeffama irra deebiidhaan ilaalam qabxiilee jahan (six Cs) barreeffamni miidiyaa (media writing guutuu qabu tokko akka guute madaaluuti. Qabxiileen jahan kunneen armaan gadiitti ibsamaniiru:-

- ❖ Odeeffannoo barreeffame ifaa (Is it clear)
- ❖ Odeeffannoo barreeffame guutummaan isaa eeggameeraa (Is it Complete)
- ❖ Odeeffannoo barreeffame Jechoota filatamoodhaan gabaabbatee barreeffameeraa (Is it Concise)
- ❖ Odeeffannoo barreeffame Walduraa duubummaa isaa eeggameeraa (Is it consistent)
- ❖ Sirrummaa (Is it correct)
- ❖ Odeeffannoona madaalawaadhaa (Is it Courteous)

### 3.4.3 Miirkaneessuuf dubbisuun (proof- Reading)

Mirkaneessuuf dubbisuun Adeemsa barreeffama tokko keessatti dogoggoroota jiran qoratanii baasuu fi sirreessuuti. Adeemsa kana keessatti dogoggorooni qabee, sirna tuqaalee, itti fayyadama jechoota, seer-luga, itti fayyadama lakkofsootaa, haala barreeffama (typing style) fi kanneen biroo sirreessuun kan keessatti raawwamatamuudha.

## BOQONNAA 5

### Dhaadhessa Barreessu (Advertising Writing)

#### Dhaadhessa (advertising) jechuun maal jechuudha?

Dhaadhessa jechuun odeeaffannoo amansiisuudhaaf ykn yaada hawasaasaa jijiiruuf Akkasumas, yaada dura jiru cimsuudhaaf miidiyaalee garaagaraatiin darbuudha. Gama biraatiin Dhadhessa jechuun odeeaffannoo itti kafalameeti hubachiisuuf fi amansiisuudhaaf hawaasa bira gahuudha.

#### Akaakuu dhaadhessaa (Types of Advertising)

##### A. Dhaadhessa Maxxansaa (print Advert)

Kuins dhaadhessa kara miidiyaalee maxxansaa kanneen akka Galaalchaa (News paper), Barruu (magazine) fayyadamuudhaan hawaasa bira gahuudha.

##### B. Ergaa kallattii (direct mail)

Dhaadheessi ergaa kallatti jedhamu dhaadhessa kallattiid humaan hanga mana namootaa deemuudhaan gaggeeffamu yoo ta'u innis xalayoota, Biroosheroota, waraqaa beeksisaa xixiqqoo fi kkf kan raawwatamuu fi Yeroo ammaa dhaadhessi kara ergaa toora interneetii (E-mail) raawwatamus as jalatti ramadama.

##### C. Tamsaasaa (Broadcast Commercial/Advertising)

Kunis dhaadhessa kara Raadiyoo fi TV tiin raawwatamuudha.

##### D. Dhaadhessa Alaa (out door Advertising)

Akaakuun dhaadhessa kanaa dhaadhessa manaan alaa jedhamees kan beekamu yoo ta'u innis dhaadhessa kara Gabatee beeksisaa (Bill board) daandii gubbaarratti dhaabbatanii fi Poosteroota garaagaraa geejjibaawan garaagaraa irratti maxxanfamanii fi kkf kan raawwatamuudha.

Dhaadhessa tokko barreessuuf jalqaba dhaggeeffattoota/dubbistoota barreesinuuf beekuu fi mata duree irratti barreessinu guutumatti hubachuun barbaachisaadha. Akka + ibsutti qabxiileen armaan gadii qajeelfamoota dhaadhessa gaarii barreessuuf hordofnuudha:-

A. Akka dubbistoota/dhaggeeffattoo/daawwatootatti dubbataa jiran fakkeessuun  
barreessuu (Talk to the reader, the listener, or the viewer)

Kana jechuun barreeffama dhaadhessaa wayta barreessinu akka beeksisu taasifne barreessuu osoo hin taane akka waan dubbistoota/dhaggeeffattoo/daawwattoota keenyatti dubbataa jiruu fakkeessinee barreessuu qaba.

**B. Jechoota gabaaboo, beekamoo fi salphaa ta'an fayyadamuu (Write short sentences, with easy and familiar words)**

Kunis ergaan darbuu barbaadame tokko gufuu tokko malee akka hubatamuuf jechoota salphaa fi gabaaboo fayyadamuun battalumatti ergaa dabarsuudha.

### C. Jechoota qisaasessuu dhiisuu (Don't waste words)

Kana jechuunis jechoota hamma barbaadde fayyadamtuus jechi fayyadamnu sun barbaachisummaan isaa xiinxalamuu qaba. Kanaafuu jechoonni itti fayyadamne hunduu ergaa barbaadame akka dabarsu mirkaneessuun barbaachisaadha.

#### D. Jechoota nuffisiisoo fayyadamuun dhiisuu (Watch out for clichés)

Jechoonni yeroo baay'ee irra deddeebiidhaan fayyadamanii hawaasa biratti nuffaman yoo fayyadamne dhaadhessi keenya akka hawaasaan nuffamu waan tasisuuf yeroo hundumaa jechoota nuffisiisoo barreessuu irraa of qusachuun barbaachisaadha.

#### E. Akka yaadatamuutti barreessuu (Make it memorable)

Kana jechuunis barreessaan dhaadhessaa tokko dhaadhessi tokko sammuu dubbistoota/dhaggeeffattoo/daawwattoota keessatti yoomiiyyuu akka yaadatamuuf jecha cimaa miira dubbistoota tuquu danda'u fayyadamuun barreessuu qaba.

Gama biraatiin dhaadhessa miidiyaalee tamsaasaa yoo ta'e irra deddeebiin maqaa Omisha/tajaajila/dhaabbata beeksifamuu san barreessuu fi wayta dubbisnus irra deddeebiin dubbisun barbaachisaadha. Kunis ergaan miidiyaaleen tamsaasaa akka miidyaalee maxxansaa osoo hin ta'in turtiin isaanii xiqqaa (heennasuma kan darbuu) waan ta'eef yoo irra deddeebi'ee dubbifame dhaggeeffattoo/daawwattoota hubachiisuu danda'a. Akkasumas muuziqaa duubee (background music) fayyadamuun dhaggeeffattoota hawachuun barbaachisaadha.

## **Wabiilee (References)**

- W. Richard et.al (2004) **MediaWriting:** Print, Broadcast and Public Relations.(*Second Edition*) Lawrence Erlbaum Associates. london
- Ted, W., (2005) **Broadcast News Writing, Reporting, and Producing.** (Fourth Edition) Elsevier Inc.
- MacDougal, C.D. (1982). **Interpretative Reporting.** New York: Macmillan Publishers Co.
- Newson, D. et al (1988). **Media Writing; Preparing Information for the Mass Media.** California: Wadsworth Pub. Co.
- Mencher, M. (2003), **News Reporting and Writing** (9th Edition), San Francisco:McGraw-Hill
- Moemeka, A. (2000), **Reporter's Handbook: An Introduction to Effective Journalism,** Kearney, USA: Morris Publshing
- Baskkette, F.K Sissors, J.Z.& Brooks, B.S.(1986). **The Art of Editing.** New York: Macmillan Publishing Company.
- Hennessy, B.(1997). **Writing Feature Articles: A Practical Guide to Methods & Markets.** Amesterdam: Focal Press.